Yeroo tokko faayidaa addaa Umawiyyoonni argataa turan kan Umar irraa kute ilaalchisee gurguddoonni gosa Umawiyyootaa wal ga'anii mari'atani. Marii sana irratti walii galanii gara mana Umar ibnu Abdul'aziiz deemani. Akkuma deemaniin haalli duraanii jijjiiramuu jalqabe. Manni bulchitootaa kan duraan yeroo fedhan seenanii, akka fedhanitti bahanu. Har'a garuu akkuma hawaasa kaanii heyyama gaafatanii yoo heyyamameef qofa seenuuf dirqamaniiru. Osoma fuul-dura manaa dhaabbatanuu ilmi Umar "Abdulmalik" jedhamu dhufe. Jarris Abdulmalikiin "Yaa Abdulmalik akka seennuuf abbaa kee heyyama nuuf gaafadhu. Ykn ammoo dhimma dhufneef itti nuuf himi." Jedhaniin. Abdulmalikis dhimmi jaraa maal akka ta'e gaafate. Jarris "Bulchitoonni abbaa kee dura turan martuu bakka keenya ni beeku, ga'ee keenyas nuuf kennu. Garuu abbaan kee akkuma hawaasa kaaniitti nu ilaalee bakka nuti qabnuufii hirmaata nu qaqqabu nu dhowwate." Jedhanii itti himatan.

Abdulmalikis gara abbaa isaatti seenuun gurguddoonni gosa Umawiyyootaa akka dhufan, isa haasofsiisuu akka barbaadanuu fi yoo hin taane ammoo dhimmicha akkan itti himuuf akka gaafatan itti hime. Umaris dhimmi jarri dhufaniif maal akka ta'e ilma isaa gaafate. Abdulmalikis wanta jarri jedhan hundumaa itti hime. Umar deebii gaafii jaraatiif; *"Ani ga'ee keessan isin hin dhowwanne. Hin dhowwadhus. Bakka keessan hin wallaalle. Hin wallaalus. Garuu bakkii fi ga'een isin na biraa qabdanu bakkaa fi ga'eedhuma*

hawaasni kaan na biraa qabanu qofa. Sanarra dabree ammoo akka isin feetan isiniif ta'uuf adabbii guyyaa jabduu[69] *sanan sodaadha."* jechuun akka itti himu ilma isaa Abdulmalikiin erge.

Kana malees ilmaan Umawiyyootaa keessaa tokko gara Umar dhufuun "Yaa umar nuti ilmaan Umawiyyootaati. Firoottan keeti. Qabeenya jiru irraa ga'ee keenya nuuf kennuu qabda." Jedheen. Umaris "Qabeenya koo hanga isin ga'e hiradhaa. Garuu qabeenyi inni isin yaadaa jirtanu qabeenya hawaasaati malee kan gosa Umawiyyootaa qofa miti. Ga'een isin keessaa qabdanu ga'eedhuma hawaasni kaan qabu qofa. Rabbiin natti haa ta'u.Natti mul'ata. Osoo dhimmichi akkuma isin yaaddan kanatti salphannaan namoonni addunyaa kun hundi akka keessanitti yaadanii silaa adabni Rabbii itti buuti ture." Jedhee ejjennoo isaa jala muree beeksise.

Kana malees hedduun bifuma wal fakkaataa ta'een kitaabban seenaa irratti kaayamee jira. Hanga ragaatiif hangana jennaan ga'aadha. Bal'inaan argachuuf kitaabban seenaa wabiif xumura irratti barreeffaman akka dubbiftanuuf isin affeereera.

Mee achi haa tarru.

• • • • •

[69] Guyyaa qiyaamaa.

❖ Caasaa duraanii diiguu keessatti.

Akkuma dura dubbanne caasaa bulchiinsa duraanii keessa sababoota adda addaatiin bulchitoonni cubbuu keessatti qarriffaa buqqifatan heddumminaan argamu. Milkaa'ina Imala jijjiiramaatiif jechas caasicha gubbaadhaa hanga dakaatti gulaallii ga'aa taasise. Namoota hedduus aangoo irraa fageesse. Jarreen sana keessaa kanneen ijoo ta'an tokko tokko haa ilaallu.

A. Usaamaa binu Zaydi[70] (Misir irratti muudame.)[71]

Usaamaa ibnu zaydiin beektonni yeroo kaasanu gara jabina isaatiin isa kaasu. Ummata bulchaa ture sana irratti seeraan alatti humna qabu agarsiifachuuf jecha namootarraa harka kutaa akka ture. Yeroo bohaartiif gara lagaa deemullee Bineeldota osoo jarri lubbuun jiranuu naachaaf kennee yeroo jarri lubbuuf wixirfatanu ilaalee kolfaan bohaaraa akka ture.

Akkasumas gibira hanga fedhe ummatarratti dabarsuun namoota gibira sana kaffaluu hin dandeenye irratti tarkaanfii suukanneessaa ta'e akka fudhataa tures ni himu.

Umaris aangoo irraa buusuun akka hidhamus ajaje. Waggaa tokkoof erga misir keessatti hidhameen booda gara filisxeem geeffamuun achitti hidhame. Akkuma Umar du'een Yaziid

---

70 Isa ilma zaydi binu haaris akkanni hin taane garuu hubachuun keenya dirqama.

71 Hubachiisa;- muudamni jaraa garuu wal-dhaba. Fakkeenyaaf; usaamata binu zaydi misir irratti gibira walitti qabuuf muudame.

ibnu Abdulmalik aangoo fudhachuun usaamaa gara aangoo isaa duraaniitti deebise.

B. Yaziid binu Mahlab (Khuraasaan irratti muudame)

Yaziid binu Mahlab bara 97 A.L.Hijraatti mootii Sulaymaaniin Khuraasaan irratti muudama argate. Waraana naannoo sanatti taasiseenis magaalolee gurguddoo lama (Jarjaan fi Xoobaristaan)iin to'achuu danda'e. Waraana sana irraas boojuu saantima warqee miliyoona ja'a (6,000,000) argate. Qabeenyi boojuu irraa argame akka seera Islaamaatti loltuu duula sanarratti argamanis ta'ee bulchiinsichis qooda mataa jaraa qabu ture.

Garuu Yaziid dhimma kana of duuba kaa'e.Qabeenyi kun guddaa ta'uu isaa waliin tarii fudhatama argachuu fi gurra guddifachuuf jecha hatattamaan mootii Sulaymaaniin beeksisuu barbaade.

Garuu barreessaan isaaMuraaraa binu Abii Marraah jedhamu boojuu guddaa booji'uu isaa malee baay'inaa boojichaa akka inni hin beeksifneef gorse. Yeroo sababa isaas dubbatu. Sababni isaas waa lama keessaa tokko akka isa mudatu itti hime.

Akkas jedhe "Innis tokkoffaan mootiin Sulaymaan yeroo baay'ina kana dhagahu gammadee guutummaa isaa naaf ergi siin jedhee harka duwwaatti si hanbisa. Boojuulee kana booda gara kee irraa ergamanus guddisee eega.

Inni lammaffaan ammoo mootiin Sulaymaan hojii keetti gammadee guutummaa isaa siif dhiisa ta'a. Garuu lakkoofsi kun kana dura galmaa'ee waan hin beekneef galmee jaraa irratti barreeffamuun isaa hin hafu. Kanaafuu mootiin isa booda dhufu lakkoofsa sana irratti hundaa'uun qabeenya kanaaf itti gaafatamaa si gochuun isaa waan hin hafne." Jedhe.

Garuu Yaziid gorsasaa dhagahuu hin filanne. Kanaafuu baay'ina isaa waliin barreessee ergeef. Akkuma Muraaraan jedhes Sulaymaan gocha isaatti waan gammadeef qabeenyicha guutummaatti isumaaf dhiise.Umaris akkuma gara aangoo dhufeen imala jijjiiramaa eegaleen lolaan jijjiiramaa Yaziid bira ga'e.

Yaziidis mana hidhaattidarbame. Qabeenya sanaafis gaafatame. Innis mootii Sulaymaan biratti dhageettii argachuuf malee qabeenya sana hunda akka hin boojine qofa hime.

Namoonni hedduun akka adabbiin Yaziid fooyya'uuf gara Umar dhufuun gaafatanus. Umar garuu Yaziid hanga qabeenya sana man-kuusa qabeenya ummataatiif galii godhutti adabbiin isaa akka hin fooyyofne ibsuun "Dahlaak"[72] bakka jedhamtu deemee achitti akka hidhamu ajaja dabarse. Yaziidis achitti hidhame.

C. Muhammad binu Yaziid (Misir irratti muudame)

[72] Naannoo Eertiraatti kan argamtu.

Muhammad binu Yaziidiinis Imaam Binu Abdulhakiim yeroo ibsanu.

"Yaziidnama haalaa fi akkaataa hawaasaa hubatu osoo hin turre nama ajaja gubbaarraa dhufe guutummaatti marii tokkoo fi dursa eeggannoo tokkoon maletti xiqqaa fi guddaa isaa hawaasatti fe'u ture. Namoota ajaja isaa galmaan ga'uu dadhaban qofa osoo hin taane kanneen yaada sirreessaa kennuuf yaalanillee osoo hin hanbisin tarkaanfii suukanneessaa irratti fudhataa ture.

Wanta hundarra ammoo yeroo namoonni adabamanu ilaaluun baay'ee isa gammachiisa. Yeroo namoonni adabamanu 'akkana godhi. Akkana ta'i...' jedhaa yeroo namtichi mankaraaru ilaaluun nama bohaaru ture." Jechuun nuuf himu.

Egaa namoonni lolaan jijjiiramaa dhiqee dabarfate jarreen armaan olitti kaafnee fi kanneen biroos kanneen akka; -

D. Habiib binu Mahlab (Sanad irratti muudame)
E. Ziyaad binu Mahlab (Oomaan irratti muudame)
F. Marwaan binu Mahlab (Basraa irratti muudame)
G. Sufyaan binu Urayshi (Kuufaa irratti uudame)
H. Mukallad binu Yaziid (Kuraasaan irratti muudame)
I. Mu'aawiyaa binu Yaziid (Sajistaan irratti muudame)

fa'a kitaabban seenaa keessatti maqaan jaraa ni waamama.

• • • • •

❖ Gara laafina inni qabuu fi sodaa inni cubbuuf qabu.

"Rabbiin gabroota isaa keessaa kan inni garaa laafu. Jarreenuma garaa laafaniifi."[73](Rasuula keenya Muhammad (S.A.W))

Seerota uumamaa gurguddoo kessaa tokko gara laafina ykn rahmatummaa isa jennu dha. Gara laafinni barbaachisummaan isaa uumama mara keessatti ifa galee mul'ata. Uumama mara yeroon jedhu nama, horii, binensota,... uumama mara of keessatti kan qabatedha.

Akkuma ergamaan keenya Muhammad (S.A.W) jedhanitti Rabbiin gara laafina 100 keessaa kan inni gara dachiitti erge 1 qofa. Gara laafummaan haati ilmoo isiitiif, abbaan ilmaan isaatiif, obboloonni walii jaraatiif, horiin jabbii isheetiif, allaattiin cuucii isheefillee taasiftu tokkoonuma sanaani. Silaa saani jabbii isii hin hoosiftu ture. Silaa allaattiin cuucii isheef tika gootee hammattee itti ho'istee falfaltee ammas ittuma fuftee tika jaraatiif hin dhiphattu ture. Ilmaan namaas akkuma kana.

Beekaan tokko yeroo dubbatanu "*ummanni tokko osoo amantaa dhabeellee, osoo aadaa dhabeellee, ummata sana gidduutti gara laafinni jiraannaan barootaaf haala gaariin waliin jiraachuu danda'u.*" jedhu.

[73]Bukhaarii fi Muslimtu gabaase.

Erga uumama mara keessatti barbaachisummaan gara laafinaa hangana ga'ee bulchaa dhimmi biyyaa harka isaa jiru tokkoof hoo hangam barbaachisa laata?

Bulchaan tokko tarii dandeettii bulchiinsaa guddaa qabaachuu danda'a. Hojimaata keessattis muuxannoo qaba ta'a. Garuu gara laafina waan jedhamu hin qabu taanaan faayidaa isaa caalaa miidhaa isaatu baay'ata.

Ergamaan keenya Muhammad (S.A.W)*"Jarreen garaa laafanu gooftaan gara laafaan sun garaa jaraaf laafa. Isin warri dachii irraa garaa waliif laafaa. Gooftaan keessan inni samii keessaa akka garaa siniif laafuuf."*[74] Jedhu. Bulchaan tokko hawaasa bulchuuf gara laafina hin qabu taanaan akkam godhee Rabbiin bulchaa sanaaf garaa laafa?! Hin laafu. Mindaan warra garaa jabaatuu gara jabeenyuma mataa isaati.

Kanas ergamaan keenya Muhammad yeroo ibsanu *"Nama garaa hin laafneef garaa hin laafamu.*[75]" Jedhu. Rabbiin ammoo yeroo gara laafina isaa nam tokko irraa kaasu kan mataasaa hordofsiisuun uumama marallee akka garaa hin laafneef jara taasisa.

Sun ammoo xumura isaa tarii bulchitoota biyya keenyaa garii fakkeenya fudhachuu ni dandeenya. _Kan feetan

---

[74] Abuu Daawud fi Tirmiziitu gabaase.

[75] Bukhaariitu gabaase.

fakkeenya fudhachuu ni dandeessu _ kana malees kitaabban seenaa bulchitoota balaa gara jabinaatiin mindaa gara jabeenya jaraa argatan hedduu nuuf kaa'eera.

Mee amma ammoo Umar bulchiinsa isaa keessatti bifa kamiin akka cubbuu eeggatee fi hawaasa isaaf garaa laafee akka dabarse walumaan haa ilaallu.

Umar bulchaa bulchiinsi isaa gara-laafinaan guutame. Gara laafina sanas ammoo kan afaaniin dubbatee ykn hidhii xuuxxatee dabarfate osoo hin taane gochaan agarsiise ture.

Bara bulchiinsa isaa keessa ofiif dhiphina jiruuf jireenyaa keessa taa'ee garuu gara laafina hawaasa bulchuuf qabu irraa kan ka'e yeroo yeroodhaan harka qalleeyyii, daa'imman maati-maleeyyii[76], namoota liqiin irra jiruu fi kkf hundaaf deeggarsi adda addaa akka godhamuuf taasisaa ture.

Dura bu'aan man-kuusa qabeenya ummataa yeroo dubbatu "Umar hawaasni inni bulchu kallattii kamiinuu akka rakkinni irra ga'u hin barbaadu. Qabeenya zakaa,boojuu fi kaffaltii gibiraatiin kuufamanus akka jarri ittiin tajaajilamanuuf carraalee hedduu qindeessa. Ummannis yeroo xiqqoodhaan booda of ga'oo fi of danda'oo ta'aa dhufani.

[76]Yatiimota.